**Labsii Misoomaa, Bulchiinsaafi Ittifayyadama Bosonaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Qophaa'e, Lakk.257/2016**

Tarsiimoo diinagdee magariisaa sadarkaa biyyaaleessaafi Naannichaatti gaggeeffamaa jiru giddugaleessa godhateen misooma ariifachiisaafi ittifufiinsa qabu mirkaneessuuf qabeenyi bosonaa gahee guddaa waan qabuuf;

Mancaatiin bosonaa Naannnicha keessatti uumamaa jiru jijjiirama qilleensaa, babal'ina gammoojjummaa, dhiqamiinsa biyyoo, hanqina bishaaniifi oomisha midhaan nyaataa, beela, hiyyummaafi buqqa'iinsa hordofsiisaa kan jiru ta'uu waan hubatameef;

Qabeenya bosonaa sababa adda addaatiin manca'aa jiru hirmaannaa ummataa, abbootii qabeenyaa, dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaatiin deebisanii misoomsuun haala ittifufiinsa qabuun fayyadamuudhaan dhaloota dhufuuf dabarsuun dirqama lammummaa waan ta'eef;

Misooma, bulchiinsaafi ittifayyadama qabeenya bosonaa keessatti sirna hirmaannaafi fayyadamummaa ummataa mirkaneessuu dandeessisu diriirsuun hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Misooma, bulchiinsaafi ittifayyadama bosonaa ittifufiinsa qabu akka jiraatu taasisuuf qabeenya bosonaa akkaataa gosa, amalaafi faayidaa isaatiin adda baasuun bulchuun waan barbaachiseef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49(3) (a) tiin Labsiin kun baheera.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun **"Labsii Misoomaa, Bulchiinsaafi Ittifayyadama Bosonaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa __/2016"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) **"Abbaa Taayitaa"** jechuun Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaafi caasaa isaa sadarkaan jiraniidha.
2) **"Bidoolee Bosonaa"** jechuun bosona keessa yookiin lafa bosonaa irratti gosoonni biqiltootaa, bineensotaafi lubbu qabeeyyii xixiqqaan adda addaa sirnakkoo keessatti walitti dhufeenyaafi walitti hirkattummaan itti argamanidha.
3) **"Bosona"** jechuun muka lafa bosonaa, qarqara daandii, qarqara lagaa, lafa qonnaafi dheedichaa keessattiifi naannawa isaatti akkasumas naannawa mana jireenyaa, dhaabbilee adda addaafi paarkiiwwan keessatti uumamaan biqilan yookiin namaan dhaabaman ta'ee, bidoolee bosonicha keessaafi naannawa isaatti argaman ni dabalata.

4) **“Bosona Dhuunfaa”** jechuun bosona qabiyyee lafaa dhuunfaa yookiin dhaabbilee irratti misoomee ragaa abbaa qabeenyummaa bosonaa qabuudha.
5) **“Bosona Eegamaa”** jechuun bosona faayidaa sirnakkoo adda addaaf oolu ta’eefi hiika bosonaa kan guuttate, karoora bulchinsa bosonaa qaama ilaallatuun qophaa’u irratti bu’uureffachuun duudhaa sirnakkoo bosonichaa osoo hin miidhiin faayidaa irra akka ooluuf bosona adda baheedha.
6) **“Bosona Hawaasaa”** jechuun bosona hawaasni naannawa tokkoo qabiyyee dhuunfaa yookiin waliinii isaanii irratti karoora bulchiinsa bosonaafi dambii ittiin bulmaataa waliin baafatan bu’uureeffachuun misoomu, buluufi faayidaa irra ooludha.
7) **“Bosona Mootummaa”** jechuun bosona Mootummaan Naannichaa abbaa qabeenyummaa irratti qabu ta’ee, Bosona Eegamaafi Bosona Oomisha kennuudha.
8) **“Bosona Oomisha Kennu”** jechuun bosona adda durummaan faayidaa diinagdeetiif akka oolu misoomedha.
9) **“Bosona Qonnaan Walkeessaa”** jechuun tooftaa qindaa’aa ittifayyadama lafaatti gargaaramuun midhaaniifi muka yookiin nyaata horiifi muka yookiin sadanuu lafa tokko irratti yeroo walfakaatuutti yookiin dabareen bosona misoomedha.
10) **“Bosona Uumamaa”** jechuun bosona mukoota uumamaan biqilan, micireefi kanneen biroo amala mukummaa qabaniifi hin qabaatiin biqiloota adda addaa ofkeessatti qabuudha.
11) **“Bosona Waldaa”** jechuun bosona namoonni waldaan gurmaa’uun misoomsaan, bulchaniifi ittifayyadamaniidha.
12) **“Bosona Woyyuu”** jechuun bosona eegumsa bidoolee, hambaa seenaa qorannoof adda bahe ta’ee, bosonicha balaa irraa eeguuf yoo ta’e malee tuttuqaa namaafi beeyiladaa kamirraayyuu bilisa kan taasifamedha.
13) **“Bulchiinsa Bosonaa Hirmaachisaa”** jechuun bosona mootummaa keessa yookiin naannawa bosonichaa hawaasa jiraatuufi mootummaa gidduutti waliigalitee taasifamuun ittigaafatamummaa adda baasuun bosona misoomsuu, kunuunsuu, bulchuufi faayidaa argamu irraa mirga qooddachuu qabaachuuf akka dandeessisu sirna diriiredha.
14) **“Bu’aa Bosonaa”** jechuun oomisha bosonaa amala mukummaa qabuufi hin qabne akkasumas kaarboonii bosonaafi tajaajila sirnakkoo biroo kan hammatuudha.
15) **“Daldalaa Bu’aa Bosonaa”** jechuun hojii bu’aa bosonaa bitanii gurguruu, oomishanii gurguruu, bu’aa bosonaa irraa oomisha adda addaa harkaan yookiin warshaan oomishanii gurguruu, biyya alaatii galchanii raabsuufi biyya alaatti erganii gurguruu irratti kan bobba’edha.
16) **“Ekisteenshinii Bosonaa”** jechuun misooma, eegumsaafi ittifayyadama bosonaatiin muuxannoo gaggaariifi teekinooloojiiwwan jiran qindeessuun qopheessuufi raabsuun tooftaa beekumsaafi dandeettii misoomsitoota bosonaa ittiin guddifamudha.
17) **“Faayidaa Ummataa”** jechuun misooma waloo kan akka ijaarsa daandii, bishaan, humna ibsaa, toora teelee, dhaabbilee fayyaafi barnootaa, pirojektoota carraa hojii uumuun bu’aa guddaa hawaasaaf buusan ummanni faayidaa waliin irraa argatudha.

18) **“Gadi Lakkisa Kaarboonii”** jechuun sababoota nam-tolchee adda addaatiin kaarboonii kuufamee ture gara qilleensa naannootti gadi lakkisuudha.

19) **“Gurgurtaa Kaarboonii Bosonaa”** jechuun manca’inaafi haphina bosonaa hir’isuun yookiin uwwisa bosonaa dabaluun kaarboonii qilleensa keessaa hir’isuutiin sirna kaffaltiin bittaafi gurgurtaa kaarboonii itti raawwatuudha.

20) **“Hawaasa”** jechuun kaayyoo Labsii kanaatiif namoota naannawa tokko jiraataniifi fedhii bosona misoomsuu qaban, gurmaa’aaniifi misoomsan jechuudha.

21) **“Hayyama Darbii Bu’aa Bosonaa”** jechuun ragaa bu’aa bosonaa seeraan bakkaa bakkatti sochoosuuf Abbaa Taayitaatiin kennamudha.

22) **“Ikoo-Turizimii”** jechuun uumama naannoofi lubbu qabeeyyii irratti miidhaa yookiin jeequmsa osoo hin dhaqqabsiisiin turistootaaf tajaajila kennuudha.

23) **“Kaarboonii”** jechuun gaazii qaamolee lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii keessatti kuufamee argamuufi oksijiinii waliin yoo walnyaate gaazii amala ho’a ukkaamsuun ho’iinsa naannoo dabalan kan uumuudha.

24) **“Kaarboonii Kuusuu”** jechuun biqiloonni magariisaa uumamaan sirna nyaata isaanii ittiin qopheeffatan keessatti kaarboon daayoksaayidii fayyadamuun kaarboonii qaama isaanii keessatti kuufatanidha.

25) **“Kaffaltii Rooyaliitii”** jechuun namni hojii misooma bosonaa irratti bobba’e kamiyyuu misooma bosonaa ittifufsiisuuf kan oolu oomisha waliigala gurgurtaaf qopheese irraa dhibbeentaan herregamee kan kaffaludha.

26) **“Karoora Bulchiinsa Bosonaa”** jechuun bosona uumamaa yookiin namaan misoome keessatti qabeenya bosonaa argamu kamiyyuu tarreeffamaan akaakuun qo’achuun misoomaa, bulchiinsaafi ittifayyadama qabeenyichaaf karoora bahudha.

27) **“Konseeshinii”** jechuun bosona mootummaa misoomsuuf, eeguuf akkasumas faayidaa irra oolchuuf waliigalteedhaan nama qaama seerummaa qabutti yeroo murtaa’eef dabarsuudha.

28) **“Lafa Bosonaa”** jechuun lafa misoomaafi eegumsa bosonaaf jedhamee daangeffame yookiin moggaafame kamiyyuudha.

29) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirga namummaa kennamefidha**.**

30) **“Naannoo”** jechuun Naannoo Oromiyaati.

31) **“Mootummaa”** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

32) **“Muka”** jechuun gosa, umrii,furdinaafi dheerina isaatiin osoo addaan hin bahiin biqiltoota amala mukummaa qaban kanneen akka leemmanii, shimala, meexxiifi kanneen biroo qaamni mootummaa Federaalaa aangoo qabuufi Abbaan Taayitichaa moggaasu ni dabalata.

33) **“Qabeenya Bosonaa”** jechuun qabeenya uumamaan yookiin namaan misoomeefi kuufaman amala mukummaa qabuufi hin qabne tajaajila naannoo, hawaas-diinagdeef kan kennuudha.

34) **“Qarmaammee”** jechuun buufata sochii bu’aalee bosonaa to’achuuf Abbaa Taayitichaatiin hundaa’e jechuudha.

35) **“Qoodiinsa Faayidaa”** jechuun bosona misoomsuun faayidaa argamu mootummaafi hawaasa akkasumas miseensota hawaasaa gidduutti waliin qooddachuudha.
36) **“Sochii Bu’aalee Bosonaa”** jechuun bu’aa bosonaa mala geejjibaa kamiinuu fe’amee yookiin namaan baatamee socho’u jechuudha.
37) **“Tajaajila Sirnakkoo Bosonaa”** jechuun misoomaafi eegumsa bosonaa ittifufiinsa qabu irraa kan argamu tajaajila sirnakkoo kamiyyuudha.
38) **“To’ataa Bu’aalee Bosonaa”** jechuun hojjetaa sochii oomisha bu’aalee bosonaa to’achuuf Abbaa Taayitichaatiin ramadamuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun qabeenya bosonaa Naannicha keessatti argamuufi dhimmoota misooma, bulchiinsaafi ittifayyadama bosonaatiin walqabatan kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama
## Misoomaafi Eegumsa Bosonaa
### Kutaa Xiqqaa Tokko
### Qabeenyummaafi Gosa Bosonaa

**5. Qabeenyummaa Bosonaa**

1) Mirgi ittifayyadamaa akkaataa Labsii kanaatiin namni dhuunfaa yookiin hawaasni bosona ofiin misoomse irratti qabu akkuma eegametti ta’ee, qabeenyi bosonaa daangaa Naannichaa keessatti argamu kamiyyuu qabeenya waloo ummataafi Mootummaa Naannichaati.
2) Mootummaan Naannichaa bosona Naannichaa misoomsuu, bulchuu, ittifayyadamuufi hawaasa bakka bu’ee waliigaltee raawwachuu ni danda’a.
3) Mootummaan Naannichaa hojii misooma, bulchiinsaafi ittifayyadama qabeenya bosonaa keessatti faayidaafi hirmaannaa ummataa mirkaneessuu qaba.

**6. Gosa Qabeenyummaa Bosonaa:**

Gosoonni qabeenyummaa bosonaa kanneen armaan gadii ta’u:

1) Bosona Dhuunfaa;
2) Bosona Hawaasaa;
3) Bosona Waldaa; fi
4) Bosona Mootummaa.

### Kutaa Xiqqaa Lama
### Bosona Dhuunfaa

**7. Misoomaafi Eegumsa Bosonaa Dhuunfaa**

1) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaa yookiin namni biroon kamiyyuu qabiyyee dhuunfaa isaa irratti akkaataa karoora ittifayyadama lafaafi seera rogummaa qabuutiin bosona misoomsuu ni danda’a.
2) Bosonni qabiyyee dhuunfaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa irratti uumamaan biqilee argamu akka bosona dhuunfaatti kan ilaalamu ta’ee,

mirgaafi dirqamni misoomsaa bosona dhuunfaa abbaa qabiyyee lafichaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

3) Abbaan qabeenyaa, lafa akkaataa karoora ittifayyadama lafaatiin misooma bosonaaf adda bahe irratti investimentiin bosona dhuunfaa misoomsuu ni danda'a.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-3tti kan tumame jiraatus, mukkeen naannoo irratti miidhaa dhaqqabsiisan kanneen akka baargamoo iddoowwan karoora ittifayyadama lafaatiin akka irratti hin misoomne dhorkaman irratti misoomsuun dhorkaadha.

**8. Mirgaafi Onnachiistuu Misoomsaa Bosona Dhuunfaa**

1) Misoomsaan Bosona Dhuunfaa mirgoota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Qabiyyee dhuunfaa yookiin lafa investimentiin argate irratti bosona misoomsuu; karoora bulchiinsa bosonaa qopheeffate irratti hundaa'uun bu'aalee bosonaa fayyadamuu sochoosuufi sona itti dabaluu;
   (b) Bosona misoomseef waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa argachuu;
   (c) Bosona misoomse irraa bu'aalee bosonaa argatutti fayyadamuu, gabaa biyya keessaafi alaatti gurgurachuu;
   (d) Misooma, eegumsa, ittifayyadamaafi daldala bosonaa irratti deeggarsa ogummaa mootummaa irra argachuu;
   (e) Bu'uura seerota rogummaa qabuun mirga qabiyyumma bosonaa dabarsuu;
   (f) Bosona misoomsuu irraa galii gurgurtaa kaarboniifi faayidaa sirnakkoo irraa argamutti faayadamaa ta'uu;
   (g) Sababa dantaa ummataaf jecha qabiyyee bosona isaa akka gadi lakkisu yoo ta'e mirga beenyaa argachuu;
   (h) Bosona misoomse oomishuufi tajaajila kennuu akkasumas bu'aalee bosonaa irratti sona dabaluun yookiin akkaatuma jiruun hayyama daldalaa baafachuun hojii daldalaa irratti bobba'uu.

2) Misoomsaan bosona dhuunfaa onnachiistuuwwan armaan gadii kan argatu ta'a:
   (a) Kaffaltii liizii yookiin kiraa lafaa irraa bilisa ta'uufi bara oomisha tokkoof kaffaltii gibiraa kamirraayyuu bilisa ta'uu; fi
   (b) Ulaagaa barbaachisaa ta'e guutee yoo argame tajaajila liqaa argachuu.

3) Raawwiin onnachiistuuwwan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tarreeffaman Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**9. Dirqama Misoomsaa Bosona Dhuunfaa**

Namni bosona dhuunfaa misoomsu kamiyyuu dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

1) Bosonicha balaa ibiddaa, ilbiisota, dhukkuba, sanyiiwwan weerartuufi miidhaawwan biroo irraa eeguufi ittisuu; rakkooleen kunneen yoo mudatan qaama ilaallatuuf battalumatti gabaasuu;

2) Biqiltoota, beeyiladoota, lubbu qabeeyyii xixiqqaa yookiin ilbiisota hin hayyamamiin yookiin hin beekaminiifi namoota, beeyiladootaa yookiin sirnakkoo irratti miidhaa geessisan bosona keessatti galchuu yookiin horsiisuu dhabuu;

3) Fayyummaa naannoo, hawaasaa, eegumsa, misoomaafi ittifayyadama sululaafi bidoolee ilaalchisee seerota bahan kabajuu;
4) Aadaa, barmaatileefi beekumsa hawaasa naannawa misoomaafi eegumsa bosonaa kabajuu;
5) Ragaa bosonichaa qaama dhimmi ilaaluuf kennuu;
6) Lafa misooma bosonaaf fudhate dhimma hayyamameef qofaaf oolchuu;
7) Gurgurtaa kaarboonii bosonaafi galii tajaajila sirnakkoo irraa argamu irraa fayyadamaa ta'uuf ulaagaalee sirni gabaa barbaadu guutuufi kabajuu.

## Kutaa Xiqqaa Sadii
## Bosona Hawaasaa

### 10. Misoomaafi Eegumsa Bosona Hawaasaa

1) Hawaasni naannawa tokko keessa jiraatu lafa qabiyyee waliinii akkaataa karoora ittifayyadama lafaatiin misooma bosonaaf ooluu danda'uufi seera rogummaa qabuun misooma bosonaaf hayyamame yookiin lafa mootummaan misooma bosonaaf adda baase irratti misoomsuu ni danda'a.
2) Hawaasni Bosona Hawaasaa misoomsuu barbaadu karoora bulchiinsa bosonaa qopheeffachuu qaba.

### 11. Mirgaafi Onnachiistuu Misoomsitoota Bosona Hawaasaa

1) Misoomsitoonni Bosona Hawaasaa mirgoota armaan gadii ni qabaatu:
   (a) Qabiyyee waliinii akkasumas lafa bosonaa mootummaan moggaasu irratti Bosona Hawaasaa misoomsuuf deeggarsa argachuufi bulchiinsa bosonaa keessatti hammatamuu;
   (b) Bosona misoomsaniif ragaa abbaa qabeenyummaa argachuu;
   (c) Bosona mootummaan konseeshiniin dabarsuu keessatti akka barbaachisummaa isaatti dursa argachuu;
   (d) Galii maddisiisanii hanga of danda'anitti deeggarsa ogummaa, teeknikaa, galteewwaniifi tajaajila seeraa mootummaa irraa argachuu;
   (e) Karoora bulchiinsa bosonaa qopheeffatan irratti hundaa'uun bu'aalee bosonaa fayyadamuu, sochoosuufi sona itti dabaluu;
   (f) Miseensonni hawaasichaa seera ittiin bulmaata waliin qopheeffatan irratti hundaa'uun bosona misoomsan irraa faayidaa argamu kamiyyuu qooddachuu;
   (g) Faayidaa hawaasaaf qabiyyee bosonaa isaanii akka gadi lakkisan yoo taasifaman beenyaa argachuu.
2) Misoomsitoonni Bosona Hawaasaa onnachiistuuwwan armaan gadii ni qabaatu:
   (a) Bara oomishaa lamaaf galii gibira misooma bosonaa kamirraayyuu bilisa ta'uu;
   (b) Ulaagaalee barbaachisaa ta'an guutanii yammuu argaman tajaajila liqaa argachuu.
3) Raawwiin onnachiistuuwwan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tarreeffaman Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

### 12. Dirqama Misoomsitoota Bosona Hawaasaa

1) Dirqamni Labsii kana Keewwata 9 jalatti tumame misoomsitoota bosona hawaasaa irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, misoomsitoonni bosona hawaasaa karoora bulchiinsa bosonaafi seera ittiin bulmaataa qopheeffate kooppii 1 Abbaa Taayitichaa bira kaa'uu qaba.

## Kutaa Xiqqaa Afur
## Bosonaa Waldaa

**13. Mirga Misoomsaa Bosona Waldaa**

1) Namoonni dhuunfaa naannawa tokko keessa jiraatan waldaan gurmaa'uun bosona misoomsuu kan danda'an ta'ee, mirgoota armaan gadii ni qabaatu:
   (a) Mirgoonni Labsii kana Keewwata 8(1) jalatti tarreeffaman waldaa misoomsaa bosonaa irrattis raawwatiinsa ni qabaatu;
   (b) Qaama mootummaa dhimmi ilaallatuun galmaa'uun seera qabeessa ta'u.
2) Onnechiiftuwwan akkaataa seerota birootiin hayyamameef akkuma eegametti ta'ee, waldaan misoomsaa bosonaa onnachiistuuwwan armaan gadii ni qabaata:
   (a) Kaffaltii gibira galii mootummaa irraa bilisa ta'uu;
   (b) Tajaajila liqii argachuu.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (a) jalatti kan tumame jiraatus miseensonni waldichaa dividendii yookiin bu'aa qulqulluu argatan irraa akkaataa seeraatiin galii gibiraa kan kaffalan ta'a.
4) Raawwiin onnachiistuuwwan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tarreeffame Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**14. Dirqama Waldaa Misoomsaa Bosonaa**

Waldaan misoomsaa bosonaa dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

1) Dirqamoonni Labsii kana Keewwata 9 jalatti tarreeffaman waldaa misoomsaa bosonaa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.
2) Waldichi bosona misoomsuun dura qorannoo sakkatta'iinsa dhiibbaa naannoofi hawaasaa gaggeessuun Abbaa Taayitichaatti dhiyeessuun mirkaneessisuu qaba.
3) Miseensoota isaa barsiisuufi leenjisuun beekumsaafi dandeettii misooma, eegumsaafi ittifayyadama bosonaa irratti qaban gabbisuun aadaa hawaasummaafi diinagdee guddisuuf ittigaafatamummaa ni qabaata.

## Kutaa Xiqqaa Shan
## Bosona Mootummaa

**15. Gosa Bosona Mootummaa**

Gosoonni bosona mootummaa kanneen armaan gadiiti:

1) Bosona oomisha kennu;
2) Bosona eegamaa; fi
3) Bosona Woyyuu.

**16. Bosona Mootummaa Oomisha Kennu**

Qaamni bosona oomisha kennu akka bulchuuf aangoon kennameef ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Bosonichi bulchiinsaafi hoogganṣa mataa isaa akka qabaatu akkasumas baajata, humna namaafi meeshaaleen barbaachisan akka guutaman ni taasiisa;

2) Bosonichi sirnaan akka misoomu, eegamuufi faayidaa irra akka oolu ni taasisa;
3) Hawaasni naannawa misoomaafi eegumsa bosona mootummaa oomisha kennu irratti akka hirmaatu, fayyadamaa misoomichaas akka ta'u taasisuuf sagantaa misooma, eegumsaafi ittifayyadamaa ni qopheessa;
4) Bosonicha gosoota aramaa amala weerartummaa qaban, ilbiisotaafi dhukkuba irraa ni ittisa; yoo uumames akka to'atamu ni taasisa;
5) Qabeenyi bosonaa balaafi miidhaa uumamaas ta'e nam-tolchee irraa akka eegamu ni taasisa;
6) Daandiifi dhaabbilee tajaajila kennan biroo misooma bosonaaf gargaaran ni hojjeta, ni hundeessa;
7) Ittifufiinsa faayidaa bosonicha irraa argamu mirkaneessuu kan dandeessisu karoora bulchiinsa bosonaa ni qopheessa; bosonicha ni eega; ni bulcha;
8) Ittifufiinsa misooma, eegumsaafi ittifayyadama bosonaa mirkaneessuuf qindoominni qaamolee qooda fudhattootaa akka cimu sirna ni diriirsa;
9) Lafa bosonaaf adda bahan irratti bosonoota oomisha kennan haaraan akka misooman ni taasisa;
10) Bosonni mootummaa oomisha kennu ragaa mirkaneessa qabiyyee akka qabaatu ni taasisa.

**17. Bosona eegamaa**

Qaamni bosona eegamaa akka bulchuuf aangoon kennameef ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora bulchiinsa bosonaa hirmaachisaa ta'e qopheessuun hojiirra akka oolu ni taasisa;
2) Bosona eegamaa jedhamee kan moggaafame keessatti lafti qullaan yoo jiraate yookiin lafa bosonaa sadarkaa gahaa ta'een biqiltuun hin uwwifamne bu'uura karoora misoomaa bahuutiin biqiltuun akka irratti misoomsamu ni taasisa;
3) Gosa mukoota dafanii guddataniifi daangaa bosonaa adda baasanii agarsiisaniifi tajaajila muka qoraaniifi ijaarsaaf ooluu danda'an daangaa bosonichaatti naannessuun akka misooman ni taasisa;
4) Bosonichi ragaa abbaa qabiyyummaa kaartaan deeggarame akka qabaatu ni taasiisa.

**18. Moggaafama Bosona Woyyuu**

1) Bosonni woyyuu amala addaa, bidooleefi hambaa seenaa irratti hundaa'uun Abbaan Taayitichaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun akka moggaafamuufi daangeffamu kan taasisu ta'a.
2) Haalli moggaafamaafi bulchiinsa bosona woyyuu Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**19. Haala Bulchiinsa Bosona Woyyuu**

Qaamni bosona woyyuu akka bulchuuf aangoon kennameef ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Daangaan bosonichaa beekamee daangeeffamee akka eegamu ni taasisa;
2) Gochoota qorannoo, barnoota, woyyoomaa akkasumas mancaatiifi miidhaa kamirraayyuu eeguuf fudhatamaniin alatti tutuqqaa namaafi beeyiladoota manaa kamirraayyuu bilisa akka ta'an ni taasisa;

3) Bosonichi ragaa abbaa qabiyyummaa kaartaan deeggarame akka qabaatu ni taasiisa;
4) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Sadii

## Ittifayyadama Bosonaa

**20. Haala Waliigalaa Ittifayyadama Bosonaa**

1) Bosonni faayidaa irra kan oolu bu'uura karoora bulchiinsa bosonaa Abbaa Taayitichaan mirkanaa'een ta'a.
2) Namni kamiiyyuu bu'aa bosonaa tajaajila dhuunfaa qofaaf oolu bittaadhaan yookiin kennaadhaan argachuun ittifayyadamuu ni danda'a.
3) Namni daldala bu'aa bosonaa irratti bobba'u hayyama daldalaafi akka barbaachisummaa isaatti hayyama gahumsaa qabaachuu qaba.
4) Namni daldala bu'aa bosonaa irratti hirmaatu kaffaltii rooyaalitii kan kaffalu ta'a.
5) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**21. Ittifayyadama Bosona Dhuunfaa**

1) Namni kamiyyuu bosona dhuunfaa isaa ittifayyadamuuf yookiin sona osoo itti hin dabaliin gurguruu yeroo barbaade qaama kamiyyuu irraa hayyama hin gaafatu.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, namni kamiiyyuu bosona dhuunfaa keessaa mukoota baduu irratti argaman yookiin eegumsi addaa taasifamuufii qaba jedhamee moggaafamaniifi uumamaan biqilan muruuf hayyama Abbaa Taayitichaa irraa argachuu qaba.
3) Ittifayyadamni bosona dhuunfaa haala naannoo irratti dhiibbaa hin geessisneen ta'uu qaba.
4) Namni kamiiyyuu bu'aa bosona dhuunfaa isaa sona itti dabaluun kanneen akka xaawulaafi moraaleetti jijjiiree gurguruu yoo barbaade Abbaa Taayitichaa irraa hayyama argachuu qaba.

**22. Ittifayyadama Bosona Hawaasaafi Waldaa**

1) Bosonni hawaasaa yookiin waldaa faayidaa irra kan oolu karoora bulchiinsa bosonaafi dambii ittiin bulmaataa isaanii bu'uura godhateen ta'a.
2) Hawaasni yookiin waldaan bosona misoomse, bu'uura dambii ittiin bulmaata isaaniitiin sona osoo itti hin dabalin yookiin sona itti dabaluun kanneen akka xaawulaafi moraaleetti jijjiiree gurguruu yoo barbaade Abbaa Taayitichaa irraa hayyama argachuu qaba.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee hawaasni yookiin waldaan bosona isaanii keessatti mukoota baduu irratti argaman yookiin eegumsi addaa taasifamuufii qaba jedhamee moggaafamaniifi uumamaan biqilan muruuf hayyama Abbaa Taayitichaa irraa argachuu qaba.
4) Ittifayyadamni bosona hawaasaafi waldaa haala naannoo irratti dhiibbaa hin geessisneen raawwatamuu qaba.

**23. Ittifayyadama Bosona Mootummaa**

1) Bosonni eegamaafi bosonni oomisha kennu faayidaa irra kan oolu bu'uura karoora bulchiinsa bosonaa qaamni bosonicha akka bulchu seeraan yookiin waliigaltee

konseeshiiniitiin aangoon kennameefiin qophaa'ee Abbaa Taayitichaatiin mirkanaa'en ta'a.

2) Abbaan Taayitichaa jiraattonni naannawa yookiin keessoo bosona eegamaa, tajaajila hawaasummaafi diinagdee haala qabatama bosonichaa irratti hundaa'uun akka argatan ni taasisa.
3) Namni kamiyyuu bosonicha irratti yookiin bosonicha keessaa muka yookiin biqiltuu akaakuu biroo muruun yookiin haala biraa kamiinuu qorannoo taasisuu yoo barbaade Abbaa Taayitaachaa irraa hayyama argachuu qaba.
4) Sirni bulchiinsa bosonichaa ikoo-turizimii, daldala kaarboonii, tajaajila sirnakkoofi kan biroo waliin walqabatee galii kan argamsiisu ta'uu qaba.

**24. Daldala Kaarboonii Bosonaa**

1) Kuufama kaarboonii bosonaa gabaa addunyaa irratti gurgurtaaf dhiyeessuun ni danda'ama.
2) Abbaan kaarboonii bosonaa abbuma qabeenyummaa bosonaa jala jiruufi ragaa mirkaneessa qabiyyee itti qabuuti.
3) Namni iddoo murtaa'e irratti ciramaafi haphina bosonaa raawwatamu hir'isuun gadi lakkisa kaarboonii xiqqeesse kamiyyuu mirga faayidaa gurgurtaa kaarboonii irraa argamuun hammatamuu ni qabaata.
4) Abbaan kaarboonii bosonaa mirgaafi dirqama isaa bu'uura seera rogummaa qabuutiin dhaalmaan yookiin kennaan dabarsuu ni danda'a.

**Kutaa Afur**

**Bulchiinsa Bosonaa**

**25. Hojiifi Ittigafatamummaa Mana Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa**

Manni Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa bulchiinsa bosonaatiin walqabatee hojiifi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Qabeenyi bosona mootummaa Naannichaa bosona eegamaa, woyyuufi oomishaatiin adda bahee akka moggaafamuufi daangeffamu ni murteessa;
2) Misooma bosona dhuunfaafi hawaasaa babal'isuuf teeknooloojiifi meeshaaleen hojii misoomaa bosonaafi oomisha bu'aa bosonaaf oolan akkaataa barbaachisummaa isaatti qaraxa irra bilisaan gara biyyaa akka galaniif haala ni mijeessa; deeggarsaafi onnechiiftuu biroo ni murteessa;
3) Bosona eegamaafi oomisha kennu haala barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uun waliigaltee konseeshiiniin akka misoomu ni murteessa.

**26. Aangoofi Hojii Abbaa Taayitaa**

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Abbaan Taayitichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Labsii kana ni raawwachiisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
2) Bosonni mootummaa, dhuunfaa, hawaasaafi waldaa akkaataa Labsii kanaatiin misoomuu, eegamuufi buluu isaa ni to'ata; ni hordofa; deeggarsa ni taasisa;
3) Sirna qabiinsa ragaafi odeeffannoo bosonaa diriirsuun ittifayyadamtoonni odeeffannoo bosonaa yeroo isaa eeggate akka argatan ni taasisa;

4) Industirii maayikiroofi xixiqqaa, giddugaleessaafi industiriiwwan gurguddaa bu'aa bosonaa irratti hojjetan akka babal'ataniifi dorgomaa akka ta'an deeggarsa ni taasisa;
5) Sirna gabaa bosonaafi bu'aa bosonaa ni murteessa; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
6) Sadarkaaleen oomisha bu'aa bosonaa akka bahu ni taasisa;
7) Sirna misooma, eegumsaafi ittifayyadama bosonaa ittifufiinsa qabu ni diriirsa;
8) Bu'aa bosonaa irratti qoodinsa faayidaa murteessuuf sirna dandeessisu ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
9) Bosona irra balaan akka hin geenye sirna of-eegannoo dursaa, ittisaafi to'annoo ni diriirsa; balaan yammuu uumamu qooda fudhatttoota qindeessuun tarkaanfii ni fudhata;
10) Hojii misooma bosonaa sulula irratti hundaa'ee hirmaannaa hawaasaatiin gaggeeffamu abbummaa akka qabaatu ni hordofa; deeggarsa ni kenna;
11) Hayyama gahumsa ogummaa bosonaa, misooma bosonaafi daldala bu'aalee bosonaa ni kenna;
12) Bosonaafi lafti bosonaa beekamtii seera akka argatan ni taasisa;
13) Hawaasni naannawa misoomaafi eegumsa bosona irratti akka hirmaatu, fayyadama misoomichaas akka ta'u sagantaa misoomaa, eegumsaafi ittifayyadamaa ni qopheessa; hojiirra ni oolcha;
14) Lafti misoma bosonaatiif kenname bu'uura karoora bulchiinsa bosonaatiin dhimma kennameef qofaaf ooluu isaa ni hordofa; faayidaa biraatiif oolee kan argame yoo ta'e tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
15) Hanga kaffaltii rooyaalitii oomisha bosonaa qopheessuun mootummaaf dhiyeessee ni murteessisa;
16) Bosona qabiyyee mootummaa jala jiru bu'uura waliigaltee konseeshiniitiin darbuu danda'u adda baasuun mootummaaf ni dhiyeessa;
17) Qaamolee birootiif aangoon seeraan kenname akkuma jirutti ta'ee; muka sanyiin isaanii baduu irratti argaman yookiin eegumsi addaa taasifamuufii qabu adda baasee ni moggaasa;
18) Hawaasni naannawaa yookiin waldaaleen bosona eegamaa yookiin oomisha kennu jedhamee daangeeffame karoora bulchiinsa bosonaa qopheeffachuun akka eegan, misoomsaniifi ittifayyadaman ni taasisa;
19) Qabeenyi bosona mootummaa Naannichaa bosona eegamaa, woyyuufi oomishaatiin adda bahe akka moggaafamu, daangeffamu, galmaa'u, eegamu, misoomuufi faayidaarra akka oolu ni taasisa;
20) Kuufama kaarboonii bosonaatiif gabaa ni barbaada; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha; misoomsitoonni gurgurtaa kaarboonii bosonaa irraa fayyadamaa akka ta'an ni taasisa;
21) Dhimmoota waliigaltee gurgurtaa kaarboonii bosonaatiin walqabatan ni mirkaneessa; gahee misoomsitoota bosonaa bu'aa gurgurtaa kaarboonii bosonaa irraa argachuu qaban ni murteessa;

22) Qabeenya bosonaafi bu'aa bosonaa irraa dhaabbileen fayyadamoo ta'an misoomaafi eegumsa bosonaatiif akka gumaachan sirna ni diriirsa;
23) Lafa bosonaa yookiin bosona daldala kaarbooniitiif oolu ni daangessa;
24) Muuxannoowwan gaggaariifi teeknooloojiiwwan misooma, eegumsaafi ittifayyadama bosonaa qindeessuun, qopheessuufi tamsaasuun dandeetiifi beekumsi misoomsaa bosonaa akka guddatu ni taasisa;
25) Bu'aa bosonaa seera qabeessa ta'e hayyamni darbii yammuu kennamu Abbaan Taayitichaa kaffaltii tajaajilaa ni sassaaba.

## Kutaa Shan

## Hordoffiifi To'annoo Bosonaafi Bu'aalee Bosonaa

### 27. Bu'aalee Bosonaa Oomishuufi Sochoosuu

1) Namni kamiyyuu qabiyyee isaa keessaa yoo ta'e malee, hayyama Abbaa Taayitichaa yookiin abbaa qabiyyichaa osoo hin qabaatiin bosona kamiyyuu keessaa bu'aa bosona oomishuufi sochoosuun dhorkaadha.
2) Namni kamiyyuu bu'aa bosonaa bakkaa bakkatti sochoosu hayyama darbii Abbaa Taayitichaa irraa kennameef harkatti qabachuu qaba.
3) Konkolaachisaan bu'aa bosonaa geejjibu kamiyyuu hayyama darbii Abbaa Taayitichaa irraa kenname harkaa qabaachuu qaba.
4) Daldalaan bu'aa bosonaa, oomisha bu'aa bosonaa kuusuuf hayyama gahumsa dandeettiifi hayyama daldala bu'aa bosonaa harkatti qabachuu qaba.
5) Misoomsaan bosonaa oomisha bu'aa bosona kuusuuf hayyama Abbaa Taayitichaa irraa kennameef qabaachuu qaba.
6) Tumaalee Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1-5 darbuudhaan bu'aan bosonaa to'annoo jala oole Mana Murtiitiin hanga murtiin itti kennamutti miidhaan irra kan gahuu danda'u ta'uun yoo itti amaname, qaama aangoo qabuun gurguramee maallaqni isaa imaanaadhan Biiroo yookiin Waajjira Maallaqaa kan kaa'amu ta'a. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

### 28. To'ataa Bosonaafi Bu'aa Bosonaa

1) Abbaa Taayitichaa to'ataa bosonaafi oomishaa bu'aa bosonaa ramaduun hojiiwwan to'annoo bu'aa bosonaatiin walqabatan to'achuufi sakatta'uu ni danda'a.
2) To'ataan bosonaafi bu'aa bosonaa kamiyyuu tooftaalee armaan gadiitiin to'annoofi sakatta'iinsa taasisuu ni danda'a:
   (a) Bu'aalee bosonaa seeraan alaa kan fe'e yookiin fe'uun kan shakkaman mala geejjibaa kamiinuu daangaa seensaafi bahiinsa bosonaa akkasumas akka barbaachisaa isaatti qarmaammeewwan Naannichaa keessaafi daangaa Naannichaatti argaman irratti dhaabsisee sakatta'uu;
   (b) Nama bu'aalee bosonaa osoo geejjibsiisu, oomishuu yookiin kuusuun argame waraqaa ragaa hanga bu'aa bosonaa, iddoo ka'umsaafi gahumsaa agarsiisuufi ragaalee seera qabeessa biroo kamiyyuu akka dhiyeessu gafachuu;

(c) Tumaalee Labsii kanaa darbuun bu’aalee bosonaa geejjibaman yookiin kuufamanii argaman to’achuun ittigaafatamtoota gochichaa battalumatti qaamolee haqaatiif dhiyeessuu;

(d) Gabaasa bu’aalee bosonaa qabamanii Abbaa Taayitichaatiif yookiin qaama dhimmi ilaaluuf battalumatti dhiyeessuu.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, to’ataan Abbaa Taayitichaatiin ramadame kamiyyuu haala addaatiin sa’aatii hojiitiin alatti to’annoofi sakatta’iinsa gaggeessuu ni danda’a.

**29. Dirqama To’ataa**

To’ataan hojii bosonaafi hojii bu’aa bosonaa yeroo hojii isaa raawwatu dirqama hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Bu’uura Labsii kanaatiin to’annoo yeroo gaggeessu uffata seeraa uffachuu, xalayaa yookiin waraqaa eenyummaa qabachuufi qaama to’atamutti agarsiisuu;

2) Hojii isaa ittigaafatamummaa cimaafi loogii malee raawwachuu;

3) Labsii, Dambiifi Qajeelfama misooma, bulchiinsaafi ittifayyadama bosonaafi dirqamoota kanaan walqabatanii jiran hordofuu.

**30. Hojjetaa Eegumsa Bosonaa**

1) Abbaan Taaytichaa mancaatiifi miidhaa bosonaa irra gahu kan eegu, hordofu, to’atu rakkoolee yookiin balaan bosonicha irra yoo gahe gabaasu hojjetaa eegumsa bosonaa ramaduu ni danda’a.

2) Hojjetaan eegumsa bosonaa yeroo hojiirra jirutti uffata seeraa uffachuufi waraqaa eenyummaa qabachuu yeroo gaafatametti agarsiisuu qaba.

**31. To’annoo Sochii Bu’aalee Bosonaa**

Abbaan Taayitichaa sochii bu’aalee bosonaa to’achuuf qarmaammeen akka hundaa’u qaama dhimmi ilaalu wajjiin ni hojjeta.

**32. Dirqama Eeruu Kennuufi Onnachiiftuu**

1) Namni kamiyyuu qophii, kuusaa, sochii yookiin ittifayyadama bu’aalee bosonaa seeraan alaa yoo arge qaama dhimmi ilaaluuf eeruu kennuuf dirqama qaba.

2) Namoota bu’aalee bosonaa seeraan alaa irratti eeruu kennan yookiin qaban Qajeelfama bahu irratti hundaa’ee onnachiiftuun kennamuufii ni danda’a.

**Kutaa Jaha**

**Tumaalee Adda Addaa**

**33. Balaa Bosona Irra Gahu Ittisuu**

1) Qaamni mootummaa dhimmi ilaallatu hundi leenjii balaa ibidda bosona dursanii ittisuu dandeessisu kennuufi sirna of-eeggannoo dursaa diriirsuuf ittigaafatamummaa qabu.

2) Namni bosona keessa yookiin naannawa bosonaa jiraatu yookiin hojjetu yookiin darbu kamiyyuu balaan ibiddaa akka hin kaane of-eeggannoo taasisuuf dirqama qaba.

3) Namni ibiddi bosona keessatti ka’uu hubate kamiyyuu batalumatti qaama bulchiinsa mootummaa isatti dhiyoo jiruufi hawaasa naannawa sanaaf beeksisuu qaba.

4) Bulchiinsi mootummaa sadarkaan jiru balaan ibiddaa yammuu ka'u dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaafi dhuunfaa akkasumas ummata naannawa sanaa qindeessuudhaan ibidda bosonaa dhaamsuuf dirqama qaba.
5) Qaamoleen yookiin dhaabbileen mootummaa, miti-mootummaafi dhuunfaa akkasumas hawaasni naannoo balaa ibiddaa bosona muudate dhaamsuuf sochii taasifamu keessatti hirmaachuuf dirqama qabu.
6) Abbaan Taayitichaa balaan ibiddaa bosona muudate humna Naannootii ol yoo ta'e qaama Mootummaa Federaalaa dhimmi ilaalutti beeksisuu qaba.
7) Abbaan qabeenya bosonaa, ilbiisonni, dhukkubni yookiin aramaan weerartuun qabiyyee bosona isaa irratti yoo mul'ate hatattamaan Abbaa Taayitaachaatiif yookiin qaama aangoo qabutti gabaasuu qaba.

**34. Gochaawwan Dhorkaman**

1) Namni kamiyyuu:
   (a) Gosa mukaa baduu irratti argaman yookiin eegumsi addaa taasifamuufii qaban kanneen akka Odaa, Birbirsaa, Heexoo, Waddeessa, Hoomii, Gaattiraa biyya keessaafi Qararoo (Guduba);
   (b) Muka qaamni aangoo qabu eegumsi addaa taasifamuufii qaba jedhee moggaasee; fi
   (c) Uumamaan bosona mootummaa, hawaasaafi dhuunfaa keessatti biqilanii argaman muruun dhorkaadha.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Abbaan qabiyyee gosa mukaa baduu irratti argaman qabiyyee isaarratti ofiisaatii kan misoomse yoo ta'e, Abbaa Taayitichaa hayyamsiisuun ittifayyadamuu ni danda'a.
3) Namni kamiyyuu qabiyyee isaa irraa yoo ta'e malee, Abbaa Taayitichaa yookiin Abbaa qabiyyee irraa hayyama barreeffamaan kenname osoo hin qabaatiin bosona kamiyyuu keessaa:
   (a) Muka muruun;
   (b) Cilee qopheessuun;
   (c) Yeroof yookiin dhaabbiin bosona keessa qubachuun;
   (d) Beeyiladoota dheeddichaaf bosona keessatti bobbaasuun;
   (e) Adamoo gaggeessuun;
   (f) Magaazii muka muru yookiin baqaqsuufi meeshaalee bosona mancaasuuf oolan biroo bosona keessatti qabatanii argamuun dhorkaadha.
4) Sakkata'iinsa dhiibbaa naannoofi hawaasaa gaggeeffamee Abbaa Taayitichaaf dhiyaatee osoo hin mirkanaa'iin bosonaafi lafa bosonaa kamiyyuu pirojektii misoomaatiif kennuun dhorkaadha.
5) Namni kamiiyyuu Abbaa Taayitichaafi qaama dhimmi ilaalu irraa hayyama osoo hin argatiin bosona keessaa mala kamiiniyyuu albuuda baasuun dhorkaadha.
6) Qabeenya bosona uumamaa ciranii buna, jimaafi warqee dhaabuun akkasumas hojii qonnaa biroo gaggeessuun dhorkaadha.
7) Namni kamiyyuu hayyama Abbaa Taayitichaatiin ala bosonicha balaa irraa

hambisuuf yookiin akkaataa baratama hawaasa naannawa sanaatti sirna woyyoomaa gaggeessuuf yoo ta’e malee, bosona woyyuu keessa seenuun dhorkaadha.

8) Namni kamiyyuu biqiltuu, bineensa yookiin lubbu qabeeyyii hin mul’anneefi ilbiisota fayyaa namaa, bineensotaafi sirnakkoo irratti miidhaa geessisaniifi bosona keessatti hin hayyamamneefi hin beekamne bosona keessatti galchuu, horsiisuu, tursiisuu yookiin kuusuun dhorkaadha.
9) Namni kamiyyuu bu’aa bosonaa hayyama malee geejjibuun akkaataa Qajeelfama bahuun dhorkaman mala geejjibaa kamiiniyyuu fe’ee bakkaa bakkatti sochoosuun yookiin geejjibsiisuun dhorkaadha.

**35. Adabbii**

1) Namni kamiyyuu, akkaataa Labsii kanaafi Labsii kana raawwachiisuuf Dambiifi Qajeelfama bahuun yoo ta’e malee, bosona mootummaa, bosona hawaasaa, bosona waldaa yookiin bosona dhuunfaa keessaa hayyama abbaa qabeenyaa bosonichaan ala muka kan mure yookiin cilee kan qopheesse yookiin bu’aa bosonaa kan fudhate yookiin kan kuuse yookiin gocha kana kan deeggare yookiin bu’aa bosonaa karaa seeraan alaatiin argame haala kamiinuu qabatee kan argame yookiin kan ittifayyadame yoo ta’e, bu’aa bosonichaa dhaaluun akka eegametti ta’ee, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 (kuma kudhanii) hanga 20,000.00 (kuma digdamaa) gahuun ni adabama.
2) Namni kamiyyuu mallattoo daangaa bosonaaf taa’e kan balleesse, kan haqe yookiin kan jijjiire yoo ta’e hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 (kuma kudhanii) hanga 30,000.00 (kuma soddomaa) gahuun ni adabama.
3) Namni kamiyyuu ta’e jedhee ibidda qabsiisuun yookiin haala biroo kamiinuu bosona irratti miidhaa kan geessise yoo ta’e, hidhaa cimaa waggaa 10 (kudhanii) gadi hin taaneefi waggaa 15 (kudha shan) hin caalleen ni adabama.
4) Miidhaan akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3tiin dhaqqabe dagannoodhaan yoo ta’e, hidhaa salphaa waggaa 1 (tokkoo) gadi hin taaneefi waggaa 2 (lamaa) hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii 5,000.00 (kuma shanii) hanga 10,000.00 (kuma kudhanii) gahuun ni adabama.
5) Namni kamiyyuu bosonaafi lafa bosonaa daangeffame keessa kan qubate yookiin kan qote yookiin lafa qonnaa kan itti babal’ise yookiin ijaarsa kamiyyuu kan irratti gaggeesse yoo ta’e, qabiyyicha gadi lakkisiisuun akkuma eegametti ta’ee, hidhaa cimaa wagga 2 (lamaa) gadi kan hin taaneefi waggaa 4 (afur) hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 (kuma kudhanii) hanga 40,000.00 (kuma afurtama) gahuun ni adabama.
6) Namni kamiyyuu hayyama malee, bosonaafi lafa bosonaa daangeffame keessatti dheedhichaaf beeyilada kan bobbaase, magaazii muka baqaqsuufi meeshaalee bosona mancaasuuf oolan biroo qabatee kan argame, hayyama Abbaa Taayitichaa yookiin qaama dhimmi ilaalu irraa osoo hin argatiin mala aadaatiin albuuda kan baase yookiin faallaa Labsii kanaatiin bosona woyyuu keessa kan seene yoo ta’e

hidhaa salphaa ji'a 6 (jahaa) gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 (kuma kudhanii) gadi hin taaneen ni adabama.

7) Namni kamiyyuu bu'aa bosonaa hayyama malee geejjibuun dhorkaa ta'an, hayyama osoo hin qabaatiin mala geejjibaa kamiiniyyuu fe'ee bakkaa bakkatti kan sochoose yookiin kan kuuse yoo ta'e, bu'aa bosonichaa dhaaluun akkuma eegametti ta'ee, hidhaa salphaa ji'a 6 (jahaa) gadi hin taaneefi waggaa 1 (tokko) hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii 5,000.00 (kuma shanii) hanga 10,000.00 (kuma kudhanii) gahuun ni adabama.
8) Abbaan qabeenyaa bosonaa kamiyyuu bosona keessatti ilbiisonni yookiin aramaa yookiin dhibee weerartuun bosonaa muudachuu isaa osoo beekuu qaama dhimmi ilaaluuf hatattamaan kan hin beeksifne yoo ta'e, adabbii hidhaa salphaa ji'a 6 (jahaa) gadi hin taaneefi waggaa 1 (tokko) hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii 1,000.00 (kuma tokkoo) hanga 5,000.00 (kuma shanii)) gahuun ni adabama.
9) Abbaan qabeenya bosonaa biqiloota yookiin bineensota yookiin lubbu qabeeyyii xixiqqaa bosonatti galchuun hin hayyamamne galchee kan argame yoo ta'e adabbii hidhaa cimaa waggaa 1 (tokkoo) gadi hin taaneefi waggaa 3 (sadii) hin caalleefi adabbii mallaaqaa qarshii 10,000.00 (kuma kudhanii) hanga 30,000.00 (kuma soddoma) gahuun ni adabama.
10) Namni kamiyyuu gosa mukaa sanyiin isaanii badaa jiran jedhame yookiin eegumsa addaa taasifamuufii qaba jedhamee moggaafame qabiyyee dhuunfaa, mootummaa, waldaa yookiin hawaasaa irraa karaa seeraa alaatiin kan mure yookiin bu'aa isaa bakkaa bakkatti kan geejjibsiise yookiin kan kuuse yookiin gurgurtaaf kan dhiyeesse yoo ta'e, adabbii hidhaa cimaa waggaa 5 (shanii) gadi hin taaneefi waggaa 8 (saddeet) hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii 15,000.00 (kuma kudha shanii) hanga 20,000.00 (kuma digdamaa) gahuun ni adabama.

**36. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu**

1) Manni Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa Labsii kana hoojiirra oolchuuf Dambii baasuu ni danda'a.
2) Abbaan Taayitichaa Labsii kanaafi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**37. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

1) Labsiin Bosonaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 72/1995 Labsii kanaan haqameera.
2) Seeroonni, murtiin Manneen Murtii, barmaatileefi hojimaanni Labsii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimma Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**38. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Qaamni dhimmi ilaalu kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti tumaman hojiirra oolchuuf deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

**39. Tumaalee Ce'umsaa**

1) Dhimmoonni Labsiin kun ragga'uun dura raawwatamanii qorannoo, himannaafi

falmiirra jiran bu'uuruma Labsii duraatiin furmaata kan argatan ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Labsii hojiirra ture caalaa Labsiin kun himatamaa kan fayyadu yoo ta'e, raawwatiinsa kan qabaatu ta'a.

**40. Yeroo Labsiin kun Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, Adooleessa 15 bara 2016,

Shimmallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa